# Sakatta'a Haal-deemsa Himamsa Afseenaawwan Oromoo

Magarsaa Dhinsaa
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Dhaabbata Qu'annoo Afaaniifi Gazexeessummaa, Yuunvarsiitii Wallaggaa; Naqamtee, Itoophiyaa
Email: megersaabeye@gmail.com

**AXERERAA**

*Qorannoo afoolaa keessatti; haalaawwan gooroowwan afoolaa keessatti himamaniifi adeemsa isaan hordofuun himaman (haal-deemsa isaanii) xiyyeeffachuun dhimmoota bu'uuraa qorannoo isaanii guutuu taasisan keessaa isaan murteessoodha. Bu'uuruma kanaan, kaayyoon bu'uuraa qorannoo kanaas, haal-deemsa himamsa afseenaawwan Oromoo Maccaa sakatta'uun addeessuudha. Qorannoon kun qorannoo sanyaabsa sakattaa (survey ethnography) yoo ta'u, maddeen ragaalee qorannichaas maddeen ragaalee tokkoffaa: maanguddoota, dargaggootaafi ijoollotadha. Malleen iddatteessuu mit-carraa keessaa mala akkayyoo (purposive sampling)fi mala darbaadabarsaa (snowball) sampling)tti gargaaramuun baayyinni waliigalaa iddattoolee qorannichaa filatamaniis ja'atama (60)dha. Ragaaleen qorannichaas; daawwannaa, afgaaffiifi mariigaree xiyyeeffannoon kan funaanaman yommuu ta'an, ragaaleen fudhatamanis, mala akkamtaa ibsaa bu'uureffachuun addeeffamanii jiru. Argannoowwan bu'uuraa qorannoo kanaas: afseenaawwan Oromoo ergaa dhaabbataa ta'e kan qaban osoo hintaane haalaawwan keessatti himaman bu'uureffachuun ergaa garaagaraa kan kennan waan ta'aniif, haalaawwan isaanii malee qorachuun itti fayyadama hawaasaa isa dhugaa kan gidduu galeessa godhate waan hintaaneef guutuu isaan hintaasisu. Akkasumas, adeemsa dhaabbataa ittiin himaman kan hinqabne yommuu ta'an, adeemsa himuu ga'umsa qabuun himuun immoo humna kaka'umsa, dhageettii (feeling)fi haala himaa (tone of the teller) addeessuu; akkasumas, humna xiyyeeffannoo dhaggeeffattootaa argachuu himaa daran dabaluu, humna miidhagummaa (artistic beauty)fi ofitti hawwatummaa (attractiveness) gooroo afseenaa himamaa jiru sanaa dabaluufi ciicata ergaa isaa argachuu nama dandeessisu kan kennudha.*

***Jechoota Bu'uura***: *afseenaawwan, haalaawwan, adeemsota, haal-deemsa, himamsa, Oromoo Maccaa*

## SEENSA

Afseenaawwan karaa hawaasni tokko akkataa jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatu keessaa isaan tokkodha. Yeroo tokko tokko immoo seeneffamoota hawaasaa (*folk narratives*) jedhamuun kan waamaman yommuu ta'an, seeneffamoota unkaa hololoo *(prose form*) qaban kanneen akka: durduriiwwanii, seenduriiwwaniifi ragamtaalees ofjalatti haammata (Dorson, 1972). Dabalataan, Okpewho (1992) akka addeessetti, afseenaan kalaqa hawaasaa afaaniffaan daddarbu hawaasichi duudhaa jiruufi jireenya isaa isa waliigalaa ittiin ibsatu ta'ee, seenaawwan, ragamtaaleen, durduriwwaniifi seenduriwwan gooroowwan isaa isaan bu'uuraati.

Afseenaawwan gooroowwan seeneffamootaa jiran keessaa isaan tokko ta'anii afaaniffaan, sochii qaamaafi afaaniffaan kan dhihaatan kanneen akka: baacoowwanii, ragamtaalee, seenduriiwwanii, durduriiwwaniifi agarsiisaawwanii fa'i (Barthes fi Duisit, 1975). Afseenaawwan dhimmoota dirqama akka seenaa dhugaatti ilaalamaniifi fudhataman miti. Qabiyyeewwan isaanii dhimmoota dhugaan raawwataman ta'uus ta'uu dhiisuus nidanda'u. Haata'u malee, safuufi duudhaa hawaasaa barsiisuuf humna jabaa kan qabanidha (Bascom, 1965). Akkasumas, afseenaawwan seeneffamoota hawaasaa aartiin guutaman ta'anii humna bashanansiisaa barsiisuu olaanaa kan qabanidha (Dorson, 1972).

Afseenaan kalaqa ogumaafi beekumsa olaanan guute kan garee hawaasa tokkooti (Dundes, 1965). Afseenaan kalaqa hawaasaa ta'ee karaa namni garee hawaasa sana ta'e tokko miiraa dhuunfaa isaa isa gadi fagoo ittiin ibsatudha (Fennegan, 1970). Barreessitoonni muraasni immoo afseenaawwan kalaqoota dhugummaafi qabatamummaa hinqabne, oduu lafa lafaa unkaa salphaa ta'e qaban, bo'aarsuu qofaaf kan oolan, qabeenyaa hawaaasa hinbaratiiniifi namoonni boodatti hafoon qofti itti dhimma bahanidha jechuun ibsu (Sims fi Stephens, 2005). Hiikniifi ibsi afseenaa kun garuu qeeqaan kan guutedha. Sababiin isaas, afseenaan qabeenyaa hawaasa hinbaratiin qofaa miti; bo'aarsuu qofaafis kan itti dhimma ba'amu miti.

Afseenaawwan kan isaan qoratamuu qaban barreeffamuun qofa osoo hintaane haalaawwan keessatti himaman bu'uuraffachuun ta'uu qabu. Kunis, qorattoonni afseenaa ergaa gooroon afseenaa tokko qabu xiinxaluuf gooroo afseenaa sanaa galmeessuu qofa osoo hintaane haalaawwan inni keessatti himame bu'uureffachuun xiinxaluu akka qabanidha (Dorson, 1972).

Yaada hayyuu kanaa irraa hubachuun akka danda'amutti gooroowwan afseenaa irratti qorannoo adeemsisuu keessatti haalaawwan gooroon afseenaa sun keessatti dhalate, yookaan himame bu'uureffachuun murteessaa akka ta'eefi qorannoo taasifamu sanas qabatamaafi guutuu akka taasisuu danda'udha.

Haalaawwan afseenaawwanii kanneen jedhamanis dhimmoota himamuu gooroo afseenaa sanaaf sababa, ka'umsaafi galumsa ta'an; fakkeenyaaf, dubbii taasisaa jiran, yookaan waan hojjetaa jiranidha. Galumsa odeeffannoowwanii (*contextual information*) malees gooroowwan afseenaaf hiika gitu, xiinxala ga'umsaafi fudhatamaa qabu kennuuf yaaluun rakkisaadha (Dorson, 1972).

Qorannoo afseenaawwanii keessatti adeemsi himamsa isaaniis qabxii biroo xiyyeeffannoo olaanaa argachuu qabudha. Adeemsa himamsa afseenaawwanii kanneen jedhamanis akkaataa himaan himuuf kaka'umsa qabu ittiin ibsatu, akkaataa inni ittiin himuu jalqabu, akkaataa inni ittiin himu, akkaataa inni ittiin xumuruufi ga'eewwan dhaggeeffataa/dhaggeeffattootaa kan waliigalaatti (Dundes, 1980).

Qorannoowwan garaagaraa gooroowwan afseenaa irratti kan adeemsifamanii jiran yoo ta'u, hanga qorataan qorannoo kanaa sakatta'iinsa geggeessetti garuu, haalaawwan afseenaawwan keessatti himamaniifi adeemsota himamsa isaanii sakatta'uun qorannoon addeesse hinjiru. Qorannoowwan qorannoo kanaan firoomina qaban muraasnis: Saahiluu (1996) *'Borana Oromo Prose Narratives: A Contextual Study'* mataduree jedhu qabachuu, ergaa afseenaawwan Oromoo Booranaa akkaataa galumsa isaaniin qaban qoratee jira. Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e haal-deemsa himamsa isaanii addessuu irratti garuu hinxiyyeeffanne.

Dastaa (2015) immoo mataduree 'A Functional Study of Tulama Oromo Prose Narratives' jedhu qorannoo adeemsisee jira. Qorannoon isaa kunis, faayidaa afseenaawwan Oromoo Tuulamaa qaban irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e haal-deemsa himamsa afseenaawwanii addeessuu irratti garuu, xiyyeeffatee hinjiru. Isheetee (2008) immoo 'Faayidaa gooroowwan afoolaa Oromoo' dhihaatina faayidaafi galumsa bu'uureffachuun qoratee jira. Innis, faayidaa gooroowwan afoolaa qorachuu irratti xiyyeeffachuun afoolli Oromoo jiruufi jireenya isaa keessaatti humna barsiisuufi eenyummaa ijaaruu olaanaa akka qabuufi Oromoon

maal keessa darbeefi akkamitti dhufee sadarkaa qaroominaa amma irra jirurra akka ga'e argannoo isaan addeessee jira. Haata'u malee, innis haal-deemsa himamsa afseenaawwanii addeessuu irratti xiyyeeffatee hinjiru.

Dhimma kanarratti (haal-deemsa himamsa afseenaawwanii irratti) qorannoo akka geggeessuuf qabxiileen qoraticha kakaasanis: muuxannoo duraan gooroowwan afseenaa Oromoo garaagaraa kanneen akka: durduriiwwanii, seenduriiwwaanii, ragamtaaleefi baacoowwan garaagraa bifa idileefi al-idilee ta'een funaanuun hawaasni yoom, akkamittiifi maaliif akka itti dhimma ba'u xiinxaluurratti qabudha. Akkasumas, barattoota sadarkaalee digirii adda addaa guuttachuuf qorannoo isaanii fokiloorii irratti adeemsisaniifi adeemsisaa jiran hedduu biratti maalummaan haalaawwan afseenawwanii sirriitti hubatamuu dhabuufi walrukkuttaan haalaafi yoomessaa kan isaan biratti mul'atu ta'uudha.

Bu'uuruma kanaan, kaayyooleen qorannoo kanaas:

- Haalaawwan gooroowwan afseenaawwan Oromoo filataman (durduriiwwaniifi seenduriiwwan) keessatti himaman addeessuufi
- Adeemsa gooroowwan afseenaawwan Oromoo filataman hordofuun himaman ibsuudha.

**Oromoo Maccaa**

Barruuleen garaagaraa qubsumaafi daangaa Oromoo Maccaa bifa garaagarummaa bu'uuraa hinqabneen ibsanii jiru. Alamayyoofi kaawwan (2006) akka ibsanitti, goodinaaleen qubsuma Maccaa ta'an: Showaa Lixaa, Kibba Lixa Showaa, Horroo Guduruu Wallaggaa, Wallagga Bahaa, Wallagga Lixaa, Qeellam Wallaggaa, Iluu Abbaa Booraa (Buunnoo Beddellee harraa dabalatee)fi Jimmaadha. Akkasumas, Wambaraafi bakkeewwn muraasa kutaa bulchiinsa Goojjam keessadha. Macci kallattii Kaabaan Tuulamaafi naannoo Amaaraan, Kibbaan Saabafi Sablamoota Kibbaan, Bahaan Tuulamaaniifi Lixaan immoo naannoo Beneshaangul Gumuziifi naannoo Gambeelaan daangeffamee akka jirus barreessitoonni kunniin ibsanii jiru.

Karaa biraanis, Macci Kaabaan hanga Laga Abbayyaatti, Kibbaan hanaga Laga Goojebittiifi Lixarraan immoo hanga Daabusiifi Tulluu Walalitti tamsa'ee kan jiraataa jirudha (Tasammaa, 1980). Ezekiel (2007) immoo Oromoon Maccaa kutaalee Lixaafi Kibba Lixa Itoophiyaa kan jiraataa jiru ta'uu addeessa. Gosoota Oromoo Maccaa ilaalchisees, Macci gosoota gurguddoo shan 'Shanan Maccaa' jedhamuun beekamanitti akka qoodamu hayyoonni adda addaa ibsanii jiru.

Ezekiel (2007) akka addeessetti, Macci gosoota gurguddoo shan: Liiban, Daallee, Jaawwii, Guduruufi Jiddaa Maccaatti kan qoodamu yommuu ta'u, gosoonni isaa kunniin shananis 'Shanan Maccaa' *(the five descendants of Maccaa)* jedhamuun beekamu.

Alamayyoofi kaawwan (2006) akka addeessanittis, Oromoon Maccaa qomoowwan shan 'Shanan Maccaa' jedhamanitti kan qoodamu yommuu ta'u, shanan isaaniis goodinaalee Lixa Oromiyaa keessaafi kutaalee Itoophiyaa garaagaraa keessa jiraatu. Isaanis: Liiban Maccaa (Ammayyaafi Waliisoo), Jaawwii Maccaa (Amuruu, Horroo, Jimmaa-Gannatiifi Jimmaa Raaree, Ibaantuu, Limmuu, Liiban, Giddaa, Bulan), Guduruu Maccaa (Maloolee, Amilee, Looyyee, Illaamuu, Lakkuufi Sirbaa), Daallee Maccaa (Leeqaa, Sayyoo, Sibuu, Tummee, Noonnoofi Daannoo)fi Jiddaa Maccaa (Harsuu, Jimmaa, Sadachaafi Badii)dha.

Goodinaalee qubsuma Oromoo Maccaa ta'an keessaa Wallaggi Bahaa, Jimmaafi Shawaan Lixaa kanneen qorannoo kun irratti adeemsifamedha. Goodinaaleen kunniinis kallattii garaagaraa irratti waan argamaniif; akkasumas, bakkeewwan qubsuma gosoota Maccaa adda addaa waan ta'aniif ragaalee garaagarummaa qaban argamsiisuu danda'u jedhamanii yaadamuun fudhataman. Akkasumas, sakatta'a qoratichi dursee taasiseen bakkeewwan itti afoolli Oromoo ititee jirudha.

**Sakatta'a Barruulee**

Jechi afseenaa jedhu kun kan inni ijaarame jechoota lama: afaaniifi seenaa jedhaman irraa yommuu ta'u, hiikni isaas seenaawwan afaaniffaan dhalootarraa dhalootatti daddarban jechuudha. Schoemaker (1990) akka ibsetti, afseeneenaawwan ogumaalee afaaniffaan lufan ta'anii kan himaman, taphataman, sirbaman, shubbisaman, hurubamaniifi karaalee biroo garaagaraa hojiirra oolanidha. Gooroowwan bu'uuraa afseenaan ofjalatti qabatus kanneen akka: durduriiwwanii, ragamtaalee, seenduriiwwanii, seenaawwanii, diraamaawwanii, siniimaawwanii, oduuwwanii, haasoowwan gaggabaaboofi tallaamsaawwaniidha (Franzosi, 1998).

Afseenaan kalaqa hawaasaa hawaasichi duudhaafi safuu jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatu ta'ee, gooroowwan isaa dhaabbataa kennuun garuu rakkisaadha. Sababiin isaas, hayyoonni kaan qabiyyee isaa, kaan faayidaa isaa, isaan biroon immoo dirree hojii isaanii bu'uureffachuun waan qoodaniifidha. Haata'u malee, ragamtaan, durduriifi seenduriin gooroowwan afseenaa isaan

bu'uuradha Okpewho (1992). Afseenaawwan seeneffamoota hawaasaa bara hundumaa jiraatan, bakka hundumaatti kan argaman, hawaasa kamiyyu gidduuttis kan argamaniifi umuriin isaanis umurii uumama dhala namaan kan walqabatedha (Barthes fi Duisit, 1975). Yaada barreessitoota kanarraa hubachuun akka danda'amutti, afseenaawwan hanga hawaasni abbaa afseenaa sanaa ta'e eenyummaa isaa eeggatee jiraatetti kan jiraatu ta'uu isaati.

Afseenaan gooroowwan garaagaraatti kan qoodamu yoo ta'u, kanneen keessaa xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kanneen ta'an durduriiwwaniifi seendurriiwwanidha. Beektonni garaagaraa durdurii bifa garaagaraan hiikanii jiru. Durduriin seeneffamoota gaggabaaboo unkaa hololoon dhihaatan kanneen akka: ragamtaalee, sheekkoowwanii, seeneffamoota gootaafi durduriiwwan gammachisoo (*fairtales*)dha (Abrams, 1988).

George (1981) akka addeessettis, durduriin duudhaa hawaasaa hawaasa isaa hundaan itti amanamee fudhatamuufi qindeeffamni isaas kan daa'immanis ta'e ga'eessota ofitti harkisudha. Kaayyoon durduriin himamuuf yookaan taphatamuuf keessaa tokko bashannansiisuuf yommuu ta'u, akkuma televiijina daawwachuun, fiilimii ilaaluun, raadiyoo dhaggeeffachuuniifi asoosama dubbisuun nama bo'aarsan himamsi durduriiwwaniis kan nama bo'aarsaa dhahamsaafi barsiisa garaagaraa kennu ta'u barreessan kun addeessee jira.

Sumner (1996) immoo durduriin kan hawaasni tokko ittiin ilaalcha walii isaaf qabu, uumaafi uumamaaf qabu ittiin ibsatudha. Akkasumas, aadaa, seenaa, beekumsaafi ogumaa hawaasichaa kan ibsudha. Durdurii qorachuunis eenyummaa hawaasa sanaa isa gadifagoo qorachuu akka ta'e barreessaan kun ibsee jira. Bascom (1965) akka addeessetti, duduriin gooroo afseenaa akka asoosamaatti yookaan seeneffamaatti ilaalamudha. Haata'u malee, akka seenaatti kan hinilaalamne, dhimma dhugaan raawwatame, yookaan hinraawwatamiin ta'uu kan danda'u, kan sirriitti qalbifatamee hinfudhatamneefi waan durii eenyu akka kalaqe sadarkaa nama dhuunfaatti kan hinbeekamne, afaaniffaan kan daddarbuufi umurii, saala, gareefi bakkaan osoo hindanga'iin qaamolee hawaasaa maraan kan itti dhimma ba'amuufi aartii baayyee barbaachisaa ta'edha.
Shaw (1972) akka ibsettis, durduriin seeneffama seenaawwan durdur turan irraa maddeefi barsiifata hawaasaa afaaniffaan daddarbaa dhufe, daddarbaa jiruufi itti fufees afaanefumaan

daddarbuun jiraatudha. Akkasumas, Cuddon (1998) akka ibsetti, durduriin gooroowwan afseenaa keessaa isa tokko ta'ee, kan inni ofjalatti haammatus seendurii, sheekkoo, seenaa dheeraa, seenaa nam-fakkiifi seenaawwan gaggabaaboo garaagaraa qoddattoota qabanidha.

Durduriin seenaa seeneffamee waa'ee addunyaa kanaa ibsuufi akka beekanis nama taasisudha. Seenaawwan kunis kan barreefamanii olkaa'amanii har'a ga'aniifi daddarbanii dhufan osoo hintaane, sammuu dhala namaa keessa (hawaasa isaa keessaa) kuufamanii kan jiraataniifi afaaniffaanis kan hojimaateffamaniifi lufanidha (Peak fi Yankah, 2004). Yaada barreessitoota kanaa irraa hubachuun akka danda'amutti, durduriin oguma barreeffamaan dura tureefi umuriin isaa umurii uumamuu dhala namaan walqabate akka ta'eefi maddiifi kuufamni isaas sammuu hawaasa itti dhimma ba'u sanaa akka ta'edha.

Gooroon afseenaa inni biroon xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'e seendurii yoo ta'u, seenduriin immoo cimna ajaa'ibsiifamaa dhala namaa kan bara durii, fakkeenyaaf, cimna gootota, moototaafi dadhabna namaallee seenessee kan dhiheessudha (Chesaina, 1991). Seenduriiwwan seeneffamootaafi kalaqootaa fakkaattii (*imaginative creativity*)dha. Amala kana qabaachuu isaaniinis ragamtaalee wajjin walfakkatu. Seenduriiwwan tokko tokko keessatti qooddattoonni argaman kan dhugaan jiraatanii darbanidha. Haa ta'u malee, dhugummaan seenaa achi keessa jiruu yeroo gara yerootti haala ittiin daddarburraa kan ka'e kan jijijjiiramudha jechuunis barreessaan kun ibseera.

Akkasumas, seenduriin seeneffama unkaa hololoo dhihaatu kan himaatiinis ta'e dhaggeeffataan akka seenaa dhugaatti fudhatamuufi umuriin isaa hinbeekamneefi buleessa; yeroo baayyees kan dhimmoota akka: godaansaa, waraanaafi mo'ichaa, gootota, geggeessitootaafi moototaa irratti xiyyeeffatudha (Bascom, 1965). Dabalataanis, seenduriin seeneffama afaaniffaawwaa qindaa'ina olaanaa qabu ta'ee; kan qooddattoota seenawwoo *(historical character)* irratti bu'uureffamedha.

Seenduriiwwan gooroowwan gurguddoo afuritti qoodamu. Isaanis: (1) seenduriiwwan maddaafi raawwii (*etiological and eschatological legends*), (2) seenduriiwwan seenaafi seenduriiwwan seenaa qaroominaa (*historical legends and legends of history of civilization*), (3) seenduriiwwan waan uumamaa oliifi humnootaa (*legends of supernatural beings and forces*)fi (4) seenduriiwwan amantaalee (*religious legends*)dha (Dorson, 1972).

Addeessi ragaalee qorannoo kanaas dhihaatina galumsaa *(contextual approach)* bu'uureffachuun adeemsifamee jira. Dhihaatina haalaan yookaan galumsaan gooroowwan afseenaa qu'achuun kan eegalame walakkeessa jarraa 20ffaa keessadha. Jalqabdoonni isaas, beektota beekumtaa kanneen akka Roger Abrahams, Dan Ben Amos, Alan Dundes, Robert George fi Kenneth Goldstein dha. Isaanis: yaadi-rimeewwan garaagaraa kan akka: amala dubbii xinqooqarraa, faayidaa xiinsanyiifi xinqooqarraa, ofitti amantummaa yaadaa *(ego mechanism)* xinsammuu irraa fudhachuun qu'annoo afseenaa keessatti hojimaatessan (Dorson, 1972).

Gooroowwan garaagaraa afseenaa irratti qorannoo adeemsisuu keessatti afseenaa sana galmeessuun xiinxala adeemsisuun dura haalaa akkamii keessatti akka himameefi adeemsota akkamii hordofuun akka himame bu'uureffachuun qabxiilee xiyyeeffatamuu qaban isaan jalqabaadha (Dundes, 1980). Akkasumas, galumsa odeeffannoowwanii (*contextual information*) malee gooroowwan afseenaaf hiika gitu, xiinxala ga'umsaafi fudhatamaa qabu kennuuf yaaluun rakkisaadha (Dorson, 1972).

Qorannoon kunis, haalaawwan afseenaawwan Oromoo Maccaa keessatti himamaniifi adeemsa isaan ittiin himaman, yookaan taphataman sakatta'uun addeessuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, dhihaatni galumsaa *(contextual approach)* kun dhihaatina qorannoo kana keessatti bu'uureffatamuun ragaaleen addeeffamanidha.

**Malleen Qorannichaa**

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba'amuun adeemsifamee jira. Gosti qorannoo kanaas qorannoo sanyaabsaa ta'ee, gosoota qorannoo sanyaabsaa keessaas sanyaabsa sakattaa *(survey ethnography)*dha. Mala iddatteessuu akkayyootti gargaaramuunis goodinaalee Oromoo Maccaa keessa jiraatu keessaa: Wallagga Bahaa (Aanaa Giddaa Ayyaanaa-Jaawwii Maccaa), Jimmaa (Aanaa Deedoo-Jiddaa Maccaa)fi Shawaan Lixaa (Aanaa Baakkoo Tibbee-Daallee Maccaa) kanneen filatamanidha. Goodinaaleefi aanoleen kunniinis, qubsuma gosoota Maccaa adda addaa waan ta'aniif goodinaalee Maccaa biroo bakka bu'uufi ragaalee garaagarummaa qaban argamsiisuu danda'u jedhamanii yaadamuun filataman.

Maddeen ragaalee qorannoo kanaas, maddeen ragaalee tokkoffaa yommuu ta'an, isaanis: maanguddoota (22), dargaggootaa (20)fi ijoollota (18) (umurii 10-16)dha. Sababiin gareen hawaasaa kunniin filatamaniifis akka bakkeewwn qorannoon kun irratti adeemsifameetti afseenaawwan himuufi taphachuun qaamota hawaasaa beekamoo ta'anii waan argamaniifidha. Hangi iddattoos qorannichaas waliigalaan 60 (raghimtoota gargaartotaa malee) yommuu ta'an, malleen iddatteessuu itti dhimma ba'aman immoo malleen iddatteessuu miti-carraa keessaa iddatteessuu akkayyoofi darbaadabarsaadha.

Malleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti itti dhimma ba'aman immoo dawwaannaa (daawwannaa hirmaachisaafi al-hirmaachisaa), afgaaffii (afgaaffilee al-caaseffamoofi afgaaffiilee caaseffamoo gar-tokkee)fi mariigaree xiyyeeffannoodha. Afgaaffiin kan inni adeemsifames raghimtoota muraasa waliin (maanguddoota 10, dargaggoota 10 fi ijoollota 7)dha. Mariigaree xiyyeeffannoo ilaalchisuun immoo gareewwan ja'a (6) kan namoota 6-12 hammatan ijaaramuun giddugalaan garee tokko waliin daqiiqaawwan sagaltama (90') fudhachuun marsaa tokko tokko qofaaf mariigaree adeemsifameera. Raawwii mariigaree kana keessatti ga'eewwan qorataas haala mijeessuu, mataduree marii ifa taasisuu, bakka barbaachisaa ta'eetti gaaffii gaafachuu, akka namoonni hundi carraa dubbii argatan taasisuufi kan kana fakkaatan turan.

Ragaaleen kennamanis eeyyama raghimtootaa bu'uurreffachuun mala waraabbii sagaleefi suur-sagaleen; akkasumas, mala yaadannoo qabachuun fudhatamaniiru. Ragaaleen funaanamanis qajeelfamoota ragaalee barreeffamatti jijjiiruu Creswell (2009) eeree dhahata godhachuun barreeffamatti erga jijjiiramanii booda dhihaatina galumsaa bu'uurreffachuun mala akkamtaa ibsaan addeeffamanii jiru.

## IBSAAFI XIINXALA RAGAALEE

### Iaalchawwan Hawaasaa Afseenaawwanirrattii

Oromoon Maccaa jiruufi jireenya isaa keessatti afseenaawwan isaaf ilaalcha olaanaa kan qabuufi bakka (gatii) guddaa kennuun kan itti dhimma ba'udha. Karaalee inni ittiin waan jibbu qeequun, waan jaallatu immoo jajachuun jireenya hawaasummaa isaa tikfatuufi to'atu, jiruufi jireenya isaa gama siyaasaan jiru; akkasumas, dhimmoota dinagdee isaan walqabata ittiin ibsatu keessaa tokko afseenaawwan isaadha.

Raghimaa Sh.O (afgaaffii Sadaasa, 03/2021) akka jedhetti, “Akkuma bishaaniin nyaata gadi buufannu, afseenaawwaniin immoo dubbii gadi buufanna; akkuma soogiddi nyaata miyeessu, afseenaan kunis dubbii miyeessa. Afseenaan kan fedhii dubbii keenyaas nuuf banuufi mataduree taphaa nuuf fidudha. Afseenaawwan dhimma aadaafi safuu kan ofkeessaa qaban waan ta’aniif; nikabajamu, nisodaatamu, maaliif jedhaman jedhamanii irratti yaadamu malee akkuma baacoo wayiitti kan fudhatamanii bira darbaman miti. Fakkeenyaaf, bakka jaarsummaatti yommuu walitti himnu seera mootummaan baasee caalaatti humna jabaa ofkeessaa qabu; laphee namaa cabsu, akka dubbiin jaarsaa fudhatamu taasisu, kan dubbii haalellee yoo jiraate akka amanu godhu, akka keessatti ofilaalanis nama taasiu” jechuun addeesseera. Yaada raghimaa kanaarraa dubbii ofii fudhachiisuuf himuuniifi mataduree taphaa fiduuf himuun kun haalota afseenaawwan himuutti nu geessan keessaa isaan tokko akka ta’an hubachuun nidanda’ama.

Dabalataanis, raghimaan O.H (afgaaffii Sadaasa, 02/2021) akka addeessetti, “Oromoon afseenaawwan isaa akka qabeenya isaatti, humna isaafi akka tiksee, yookaan eegduu eenyummaa, aadaafi tokkummaa isaatti fudhata. Akkasumas, akka nyaata nyaatee jiraatuutti, bishaan dhugee jiraatuutti, uffata uffatee deemuuttiifi qilleensa arganuutti ilaala malee jireenya isaatti adda baasee hinilaalu” jechuun yaadaa isaa ibsee jira.

Qoratichi daawwannaa taasiseenis, Macci afseenaawwan isaa akka dubbii gorsaafi duudhaa qajeelchaa jireenya isaa ta’eetti, daawitii keessatti ofilaalanii eenyummaa ofii baraniitti, barsiisaa mirgaafi dirqama ofiitti; akkasumas, akka tiksee tokkummaafi hawaasummaa isaatti kan fudhatuufi itti dhimma ba’udha. Afseenaawwan jiruufi jireenya Maccaa guyyuu keessaa akkuma nyaataafi dhugaatii kan hindhabamnedha. Kana jechuunis, yeroo hundaa afseenaawwan walitti himu jechuu osoo hintaane yeroo hundaa jireenya barsiisa afseenaawwanii jiraatu jechuudha.

Raghimaa A/T. A/Dikkoo (afgaaffii Eebila, 18/2021) akka ibsettis, “Afseenaawwan kan dubbii keenya guyyuu keessa hindhibamneefi jiruufi jireenya keenya ittiin ibsannudha. Jireenya keenya keessattis; fakkeenyaaf, dhimmoota hawaasummaafi siyaasa keessatti baayyee itti dhimma baana. Akkasumas, baacoofi tapha wayii kan fakkaatan ta’anii, garuu oguma humna sammuu dhala namaa jijjiiruu, qaruufi qajeelchuu danda’u ofkeessaa kan qabanidha. Walumaagalatti, afseenaan aadaa keenya keessaa nuuf isa tokkodha” jechuun ibseera.

Haata'u malee, Sims fi Stephens (2005) namoonni muraasni afseenaawwan akka waan dhugaa hintaaneefi qabatamummaa hinqabneetti, seenaa dhugummaa hinqabneetti, baacoofi waan salphaa ta'e tokkootti lakkaa'u. Akaasumas, akka waan bashannansiisuuf qofa itti dhimma bahamuutti, waan bodaatti hafaa ta'e tokkoottiifi hawaasni hinbaratiin qoftti itti dhimma bahaniitti fudhatu jechuun ibsu. Ilaalchi kun Oromoo Maccaa keessattis darbee darbee nimul'ata.

Namoonni gooroowwan afseenaa lattaama (dubbii bu'aa hinqabne) godhanii lakka'aniifi nama himuunis lattaamtuu jedhan waaman ni jiru. Isaanis: gariin isaanii ilaalcha hojii nama hiiksisa jedhu qabu, gariin immoo dhugummaa hinqabu jechuun qeequ. Isaan biroon immoo dhimma amantiin walqabsiisuun (keessumaa, afseenaawwan sirbootafi weedduu ofkeessaa qaban) qeequ. Haata'u malee, jiruufi jireenyi isaanii to'annoo afseenaawwaniin ala kan ta'e miti.

Oromoon Maccaa afseenaawwan isaa kan inni bu'uurreffachuun kalaqeefi kalaqu yeroo baayyee rakkoolee, hanqinoota, roorroofi dararama garaagaraa jiruufi jireenya isaa keessatti isa mudateefi mudatudha. Fakkeenyaaf, jireenya hawaasummaa, siyaasafi dinagdee isaa keessatti; akkasumas, hojii uumaafi uumamaa naannoo isaa, taateewwan garaagaraa isaarrattiifi naannoo isaarratti ta'aniifi waan yeroofi barri itti fidee irraa ka'uunidha. Kan inni irraa kalaqes taatota akka lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii naannoo isaatti argamanii garaagaraa irraadha. Kalaqni kunis, kan yeroo tokkoofi bara tokkoo osoo hintaane kan yeroofi baroota hinbeekamne garaagaraati.

Macci kan inni afseenaawwan isaa himus, yeroo baayyee yommuu rakkooleen garaagaraa walii isaa gidduutti uumamee argudha. Keessumaa, manguddoonniifi dargaggoonni yeroo baayyee haala keessa jiran, waan hojjetaa jiraniifi dubbii taasisaa jiran bu'uureffachuun ittiin ergaa walii dabarsuuf himu. Ijoollonni immoo taphaaf taphatu, yookaan ittiin walbo'aarsuuf taphatu. Akka maanguddootaafi dargaggootaas haalaawwan, yookaan galumsoota garaagaraa bu'uureffachuun kan taphatan osoo hintaane karoorfatanii, yookaan haataphannu jedhanii taphatu.

Walumaagalatti, ilaalchi Macci afseenaawwan isaaf qabu haalaawwan afseenaawwanii irratti dhibbaa gudda qaba. Kunis, fakkeenyaaf, gatii olaanaa kennuufiin jireenya guyyuu isaanii keessatti kanneen itti dhimma bahan maalirra ka'uun akka himan, yoom akka himuu qabaniifi akkamitti akka himmu qaban addaan baasanii beekuun itti dhimma ba'u. Kun immoo haalli

qajeeluu agarsiisa. Kanaaf, wantota haala afseenaawwanii qajeelaa, yookaan dabaa taasisan keessaa tokko ilaalchaa qabaniif irraa ka'uun madaqqii afseenaawwan waliin qabanidha.

## Hirmaattota/Taphattoota Afseenaawwanii

Taphni afseenaawwanii himaatti dabaluun yoo xiqqaate hirmaataa, yookaan dhaggeeffataa tokko kan itti himamu kan barbaadaniifi bakka dhaggeeffataan/ttoon hinjiretti garuu himamuu kan hindandeenyedha (Stanonik, 2001). Macca birattis, taphni afseenaawwan tapha dhuunfaa osoo hintaane tapha bakka namoonni lamaafi isa ol jiranitti (tapha cimdii, tapha gareefi tapha jamaa) taphatamudha. Qorannoo kana keessattis 'taphattoota afseenaawwanii' kan jedhu kun yaad-rimee isaa himaafi dhaggeeffataa/ttoota afseenaa jechuudha.

Afseenaawwan yeroo baayyee kan isaan himaman bakka maanguddoonni, dargaggoonniifi ijoollonni gita gita isaanii waliin walga'anii argamanitidha. Akkasumas, bakka namoonni umuriin isaanii garaagaraa; fakkeenyaaf, maanguddonniifi dargaggoonni, maanguddonniifi ijoollonni, dargaggoonniifi ijoollonni, maanguddonni, dargaggoonniifi ijoollonni argamanittidha. Tapha afseenaawwanii keessatti walitti dhufeenyi taphattoota giddutti taasifamus ho'aafi miiraan isaaniis yeroo baayyee walsimaadha. Yeroo hedduus kolfaafi walsaamaa taphatu. Haata'u malee, darbee darbee yeroon itti miiraan himaafi dhaggeeffataa/ttoota walfaallessu nimul'ata.

Himamsa afseenaawwanii keessatti walharkaa fuudhanii himuun, himaan tokko utuu himaa jiruu yoo dogoggoree dhaggeeffattota keessaa kan gooroo afseenaa himamaa jiru sana beeku yoo jiraate sirreessuufi himaan himuu jalqbee yoo irraanfate dhaggeeffataan beeku itti darbee himuun, afaan himaa himuu jalqaberraa samanii fudhachuun himuufi himuuf carraaquun kan baratamanidha. Akkasumas, miiraa taphaan afaan himaa irratti dubbii busheessuun (keessumaa yommuu walqeeqan kan qeeqamaa jiru sun) nimula'ata.

Akkaataan taphattoonni ittiin afseenaawwan taphatan, yookaan himanis yeroo baayyee walitti naanna'anii taa'uunidha. Sababiin isaas, xiyyeeffannoon himuufi dhaggeeffachuu waan barbaaduuf walilaalaafi walhordofaa yoo taphatame humna godhata; ofittis nama hawwata waan taheefidha. Darbee darbee garuu; sararaan taa'uun, walitti naanna'anii, yookaan faca'anii dhaabbachuun; akkasumas, osoo karaa deemaniifi osoo hojiilee garaagaraa hojjetaniis nitaphatu.

Walumaagalatti, tapha durdurii keessatti yaada walii deggeruun, walmormuun, walqeequufi walciguun, walharkaa fuudhanii himuun, dogoggora walii waliif sirreessuufi kan himaan irraanfate yaadachiisuun yookaan itti darbanii himuun kanneen walitti dhufeenya taphattootaa ho'aa taasisan keessaa kanneen ijoodha.

## Himtoota Afseenaawwanii

Afseenaawwan himuun umuriin, saalaan, barnootaaniifi hojiin kan daangeffame miti. Oromoo Maccaa biratti namni kamiyyu afseenaa nihima. Haata'u malee, hundi dandeettii himuu walqixa ta'e hinqabu. Afseenaa himuun qaamonni beekamanis: maanguddoota (walii isaaniitti, akkasumas qaamota birootti), dargaggoota (yeroo baayyee walii isaaniitti, darbee darbees qaama biraatti)fi ijoollota (yeroo baayyee walii isaaniitti, darbee darbees qaama biraatti)dha. Sababni maanguddoonni, dargaggoonniifi ijoollonni afseenaa himuun beekamaniifis yeroo boqonnaafi dhimmoota walitti isaan fidan kanneen akka hojiilee gamtaa waan qabaniifidha. Maanguddoonni immoo qaamota biroo kammiyyu caalaa himuun beekamu. Maanguddoonni afseenaa himuun beekamanis, 'abbigaar' jedhamuun waamamu. Abbigaar jechuunis nama angafummaa qabu, seenaa beekuufi aadaa beeku jechuudha.

Raghimaa Sh.O (afgaaffii Sadaasa, 03/2021) akka addeessetti, "Abbigaar hawaasa biratti kabajamaafi jaallatamaadha. Yeroo inni afseenaa himu namoonni akka horii bishaan dheebotee dhuguutti isa dhaggeeffatu. Faara ba'anii, gurra qeensaniifi qoroqoratanii isa dhaggeeffatu. Yeroo kana abbigaaritti baayyee tola; onnatees itti fufa. Abbigaaronni yommuu himan nihaaromsu; dhaloota haaraaf garuu haaraadha" jechuunis yaada isaa ibsee jira.

Yaada raghimaa kanaarraa 'yommuu abbigaaronni afseenaa himan dhaloonni gammachuufi xiyyeeffaannoo guutuun kan dhaggeeffatan ta'uu' hubachuun nidanda'ama. Akkasumas, yaadni isaa "Abbigaaronni yommuu himan nihaaromsu; dhaloota haaraaf garuu haaraadh*a"* jedhu kun immoo abbigaaronni waan duraan jiruufi beekamu fuudhanii himaa kan jiran ta'uufi qaamni itti himama jiru dhaloonni haaraan immoo akka haaratti kan fudhatan ta'uu ibsa. Kana jechuunis, karaa biraan afseenaawwan abbigarotaaf dhimma beekamaa; dhaloota haaraaf immoo dhimma haaraa isaanitti dabarfamaa jirudha jechuudha.

Daawwannaa qoratichi taasiseen Macca biratti hawwaniiifi shamarran kan isaan afseenaawwan taphatan bal'inaan hinmul'atu. Sababiin isaas, seerri akka isaan hintaphanne isaan dhorku jiraatee osoo hintaane, yeroo baayyee hojii mana keessaa kanneen akka: nyaata qopheessuu, bishaan waraabuu, qoraan cabsuufi hojiilee biroo garaagaraan qabamoo waan ta'aniif, yeroo boqonnaa ga'aa hinqaban. Yoo taphatanillee waluma faana taphatu malee qaama biraa waliin osoo taphatanii hinargaman.

Dorson (1972) akka ibsetti, kaayyoon afseenaawwan himamaniif kan inni galma ga'iinsa argatu yoo haalaawwan sirrii keessatti itti dhimma ba'amanidha. Barreessaan kun akkuma addeessee jiru, daawwannaa qoratichi taasiseen himamsa afseenaawwan Maccaa keessattis haalli himaan keessatti himu xiyyeeffannoo dhaggeeffattootaa ofitti harkisuuf, miira isaanii qirqiruufi ergaa afseenaan sun dabarsu murteessuu keessatti bakka olaanaa kan qabudha. Maanguddoonni akkuma afseenaawwan himuun daran beekaman ga'umsa himuunis daran olaanoodha. Ga'umsi afseenaa himuus dandeettii haalaawwan sirrii keessatti himuufi xinqooqaawwan dabalataa garaagaraan; fakkeenyaaf, sochiiwwan qaamaa, jijjiiramoota sagaleefi mallattoolee qaamaa garaagaraan deggeranii afseenaa sana himuudha. Xinqooqaawwan dabalataa kun immoo afseenaa sanaaf ofitii hawwatummaa kan kennaniifi ergaa isaa milqisuuf, yookaan argachuu dandeesisuuf ciicata olaanoodha. Ga'umsi himuu kun akkamitti akka himuu jalqabaniifi himuu xumuranis kan dabalatudha.

Addummaa himaa ilaalchisees, yeroo baayyee keessumaa manguddoonni wantota garaagaraa ofharkatti qabatanii himu. Fakkeenyaaf, wantota akka: faachaa, arcummee, ulee, hokkoo, ankaassee, eeboo, gaachana, marga jiidhaafi kan kana fakkaatanidha. Kunniinis haalaa sana keessaatti hiika mataa isaanii dabarsan qabu. Fakkeenyaaf, gachana qabatanii afseenaawwan waa'ee gootummaa ibsanii himu (gachanni mallattoo gootummaa waan ta'eef), arcummee qabatanii afseenaawwan balleessaafi adabbii dhahamanii ijoollotatti himu (arcummeen mallattoo adabuufi dhaanuu waan ta'eef), ciraa qabatanii immoo yeroo baayyee afseenaawwan ergaa gorsaa ofkeessaa qaban himu (ciraan agarsiiftuu maanguddummaa waan ta'eef). Akkaataa taa'umsaanis, himaan yeroo tokko tokko fuuldura dhaggeeffattootaa, dhaggeeffattootatti galagaluun qofaa ba'ee taa'ee hima. Kunis, yeroo baayyee ta'e jedhanii itti yaadanii yommuu himaniifi addaan immoo yeroo maanguddoonni dargaggootaafi ijoollotatti himanidha.

Akkaataan himaan ittiin afseenaa himus ak-dubbiiwwaaniifi miiraawwan garaagaraan kan guute yommuu ta'u, kunniinis ofitti hawwatummaafi dhahamsa gooroo afseenaa sanaa murteessuu keessatti bakka olaanaa qabu (Okpewho, 1992). Akkasumas, himamsa afseenaawwanii keessatti walqunnamtii afaaniin taasifamutti dabaluun ergaawwan karaalee xinqooqawwan dabalataafi miiraalee agarsiifaman garaagaraa darban baayyee murteessoodha (Finnegan, 2012).

Daawwannaa qoratichi taasiseen himamsa afseenaawwanii keessattis himtoonni dhaggeeffattoota isaanii to'ataafi miiraawwan garaagaraa keessaa ta'anii himu. Fakkeenyaaf, miraa dheekkamsaa, aarii, gammachuu, gaddaa, tuffii, jajuu, gowwuummaa, gootummaa, olaantummaa, sodaa, gadaantummaa, dhaadannaa, nuffii, fakkeessaa, gaabbii, boo'ichaa, naasuu, kabajaa, amanamummaa, axxummaa, dhukkubsataa, saalfiifi miiraa tasgabbii keessa ta'anii himu.

Akkasumas, himaan xinqooqaawwan dabalataa garaagaraa kanneen akka: mataa raasuu, mataa qabachuu, harka facaasuu, harka urgufuu, qubaan agarsiisuu, uuruun agarsiisuu, harka walitti rukkutuu, dhiituu, fiiguu, quba itti raasuu, ciqilee urgufuu, miila raasuu, miila walirra naqachuu, bargaanfachuu, hokkoluufi utaalee ka'uun dabaalee hima. Kanneen malees, hidhii xuuxuu, junuuffachuu, ija babaasuu, afaan qabachuu, afaan banuu, afaan dhadha'achuu, afaaniifi areeda axaawwachuu, afaan duguuggachuu, afaan dhadha'achuu, afaan banuu, arraba itti baasuu, quba itti qabuu, lafa tuttumachuu (dhadha'uu), faara guuruu, faara ifuu, mataa buusuu, kolfuufi mataa hooqqachuu agarsiisaa hima.

Haaluma walfakkaatuun, sagaleewwan garaagaraan; fakkeenyaaf, lallabuun, sagalee furdisuun, sagalee qallisuun, hasaassuun, callisee turuun, aaduun, shumuxxuxuufi jechoota nyaachuun xinqooqaawwan dabalataa biroo himtoonni itti dhimma ba'uun afseenaawwan himanidha. Akkasumas, irra deddeebiin jechootaa, gaaleewwaniifi himaa afseenaa himuu keessatti kanneen bal'inaan himtootaan itti dhimma ba'aman biroodha.

Dabalataanis, yeroo tokko tokko waan himaa jiran sana gochaan agarsiisaa himu. Keessumaa, yeroo ijoollotatti himan gochaan agarsiisuun cimee mul'ata. Kan isaan gochaan agarsiisanis taateewwan battala sanatti agarsiifamuu danda'an malee, taateewwan afseenaa sana keessaa jiran hunda miti. Fakkeenyaaf, kanneen akka: sirbuu, weeddisuu, faarsuu, akkeessuufi waa

fakkeessuun raawwachuudha. Ga'umsa kanaan himuun kan inni cimee mul'atus yommuu maanguddoonni ijoollotatti himanidha.

Akkaataan himtoonni ittiin afseenaa himan kunniin qalbii dhaggeeffattootaa harkisuufi ofitti hawwatummaa afseenaa sanaa guddisuutti dabalanii, humna ergaa isaa jijjiiruufi ergaa waliigalaa isaa akka argataniif ciicata kennuu olaanaas kan qabanidha. Akkasumas, daawwannaan qoratichaan taasifamee akka ibsutti, afseenaawwan kan isaan himaman dubbii taasisaa jiran tokko gara jalqabaatti, gidduutti yookaan xumuraatti ta'uu danda'a. Yeroo baayyee garuu akka seensaatti jalqaba dubbii taasisuuf deemaniitti himamu. Kunis, xiyyeeffannoo dhaggeeffattootaa ofitti fudhachuuf, karaa biraan immoo dubbii gabaabsuuf; akkasumas, amansiisuuf yookaan yaada ofii itti aansuun dubbatan fudhachiisuuf yaadameeti. Gidduutti kan inni himamu immoo yeroo baayyee dubbii taasisaa jiranitti humna gochuuf, yaadniifi deebiin dhaggeeffataan/ttoonni dubbii taasifamaa jiru sanaaf deebisaa jiru/jiran yaada faallaa yommuu ta'uufi yaadicha fudhachuu diduun isaa/isaanii yommuu hubatamudha.

Akkasumas, xumura dubbii ofii irratti himanii xumuruun nimul'ata. Kunis, fakkeenyaaf, dhimma irratti dubbataa jiran sanarratti yoo yaadaan waliigaluu dadhaban itti yaadi, keessatti ofilaali jedhanii hojii manaa waliif kennanii addaan ba'uufidha. Akkasumas, dubbii taasisaa turan ittiin goolabuuf, dubbii isaa gabaabsuuf, jajjachuuf, amansiisuuf, jajjabeessuufi faallaa kanaan immoo ittiin qeequufi akeekkachiisuufidha.

Qabxiin biraan himtoota ilaalchisee mul'atu immoo afseenaa himan sana ibsuufi ibsuu dhiisuu isaaniiti. Innis, himtoonni tokko tokko afseenaa himan sana utuu himaa jiranii yookaan himanii erga xumuranii booda dhaggeeffattoota isaaniif ibsu. Himtoonni baayyeen garuu ibsa hinkennan; himanii qofa dubbii isaanii itti aanutti darbu, yookaan dubbii isaanii goolabu. Yommuu dhaggeeffattoonni hiika yookaan ergaa afseenaa himame sanaa gaafatanii argamanis hinhiikaniif. Qooda ibsa kennuus himtoonni kaan itti mammaakanii, kanneen biroon immoo callisanii bira darbu. Kunis, ibsa kennuu diduu isaaniifi akka dhaggeeffattoonni ofii hiikkatan kallattii kennuufi ajajuu isaanii agarsiisa. Darbee darbee garuu, yeroon itti dhaggeeffattoonni hiikaafi ergaa afseenaa himame sanaa waliif ibsanis nimula'ata.

Walumaagalatti, haalaawwan afseenaawwan keessatti himaman akkaataa himama isaanii kan murteessan yommuu ta'an, afseenaa himame tokko guutuufi fudhatama qabeessa wantota taasisaniifi miyaa wantota kennaniif keessaa ga'umsi himtootaa isaa tokkodha. Ga'eewwan himtoota ga'umsa qabanii olitti eeraman kunniinis afseenaawwan himamaniif hawwatummaafi rarra'iinsa yaadaa dhaggeeffattoota keessatti uumuu olaanaa kan qabanidha.

## Dhaggeeffattoota Afseenaawwanii

Himamsa afseenaawwanii keessatti dhaggeeffattoonni nama tokkoofi isaa ol ta'uu danda'u. Seerri lakkoofsa isaanii daangessuus hinjiru. Dhaggeeffataan yookaan dhaggeeffattoonni kunis, ga'een isaanii dhaggeeffachuu qofa osoo hintane ga'eewwan biroo hedduu qabu. Kutin (2005) ga'ee dhaggeeffataa/ttootaa ilaalchisuun akka ibsettis, afseenaawwan himuu keessatti dhaggeeffataan kakaasaa (*motivator*), gargaaraa (*assistant*), gaafataa (*inquirer*), jajaabeessa yookaan mormaa (*yea-sayer or nay-sayer, or censor*), guutaa (*complementor*)fi yaad-kennaa (*commentator*) ta'uun qooda fudhachuu danda'a.

Daawwannaa qorataan qorannoo kanaa taasiseenis eenyummaafi ga'ee dhaggeeffataa/ttootaa ilaalchisee qabxiiwwan kanatti aananii jiran kallattiifi al-kallattiin haala afseenaawwanii ibsan kunniin addaan baafamaniiru. Himamsa afseenaawwan keessatti dhaggeeffattoonni hirmaattotas malee, dhaggeeffattoota qofaa miti. Ga'eewwaan isaanii keessaa gurguddoonis: dhaggeeffachuu, sirreessuu, yaadachiisuu, kakaasuufi jajjabeessuu, mormuufi afseenaa biraa himuudha.

Miiraan dhaggeeffattoonni ittiin himaa hordofanis yeroo baayyee miiraa himaan keessa ta'uun himu wajjin kan walsimuufi tokkummaa qabudha. Fakkeenyaaf, yommuu himaan miiraa gaddaan himu, dhaggeeffattoonnis miira gaddaan dhaggeeffatu. Yommuu himaan miiraa dheekamsaan himu, dhaggeeffattoonni immoo miiraa naasuufi sodaan dhaggeeffatu. Akkasumas, yommuu himaan faara ifaan himu, dhaggeeffattoonis miiraa gammachuun dhaggeeffatu. Haata'u malee, darbee darbee yeroon itti miiraan himaafi dhaggeeffataa/ttootaa walfaallessu nimul'ata. Fakkeenyaaf, osoo himaan kokkolfaafi faara ifee himuu, yeroo itti dhaggeeeffataa/ttoonni immoo miiraa aariin, tuffiin, qalbii facaasaa dhaggeeffatu/dhaggeeffatan nijira. Kunis, fakkeenyaaf, yoo himaan afseenaa himaa jiru sanaan dhaggeeffataa/ttoota qeeqaa jira ta'e, fudhatamummaan

himaan sun dhaggeeffataa/ttoota biratti qabu gadi bu'aa yoo ta'e, haala malee himaa jira yoo ta'eefi yoo ga'umsa himuu hinqabu ta'edha.

Qabxiin biraan gama dhaggeeffattootaan himamsa afseenaa keessatti mul'atu immoo afseenaa itti himamaa jiru sana caqasaa kan jiraniifi isaaniif galaa kan jiru ta'uu isaa kan ittiin ibsan agarsiiftuuwwan garaagaraa agarsiisan qabu. Fakkeenyaaf, kanneen akka: mataa raasuu, ija himaa keessa ilaaluu, 'ishi … ishi' jechuu, tole … tole jechuu, kolfuu, yookaan fuula ifuu, gadduu (fakkeenyaaf, mataa bitaafi mirgatti raasuun, hidhii xuuxuun), dinqifachuu (fakkeenyaaf, mataa raasuun, afaan qabachuun), miiraa rifachuu yookaan na'uu (fakkeenyaaf, fuula shuntuursuun, afaan qabachuun, mataa qabachuun)fi kan kana fakkaatan biroo agarsiisu. Karaa biraan, agarsiiftuuwwan kun kaka'umsaafi amilee itti fufee himuu himaa keessatti kan uumaniifi miiraa dhaggeeffattoonni keessa ta'anii isa hordofaa jiranis kan itti agarsiisanidha.

Himamsa afseenaawwanii keessatti akkuma himaa deggeeruun, kakaasuufi jajjabeessuun jiru mormuunis nijira. Kunis, xiyyeeffannoon dhaggeeffattoonni ittiin hordofaa jiran gadi bu'aa ta'uu, hordofaa kan hinjirreefi himaa mormaa kan jiran ta'uu isaanii kan ittiin mul'isan agarsiiftuuwwan garaagaraa agarsiisan niqabu. Akkaataan ittiin himaa morman kunniinis: yaadaan mormuufi ifatti mormuu jedhamuun bakka lamatti qoodamuu danda'u.

Yaadaan mormuun akkuma maqaa isaarraa hubachuun danda'amutti, qalbiifi xiyyeeffannoo ofii himaaf kennuu dhabuun mormuudha. Fakkeenyaaf, osoo himaan himaa jiruu qara gama ilaaluun, lafa ilaalanii ta'uun, lafa tuttumachuun (fakkeenyaaf, uleen, harcummeen, dhagaan), taa'anii waa qaqqabachuun (fakkeenyaaf, huccuu ofii qaqqabuu, waa lafaa fuudhanii qaqaabuu), nama biroo waliin duddubbachuun, sissiiqqachuufi fuula guuruun himaa sana mormaa jiraachuu agarsiisu. Agarsiiftuuwwan kun baayyee darbanii darbanii kan mul'atan yoo ta'u, akkaataan ittiin himaa mormuu kunninis yaadaan mormuu jedhamuun waamamuu danda'u. Yaadaan himaa mormuun kan inni dhalatuufi sababoonni isaas: haala malee himuu, gooroon afseenaa sun beekamaa ta'uu, afseenaan himamaa jiru sun kan dhaggeeffataa/ttoota sana qeequ ta'uu, jibba himaa sanaa qabaachuu, hanqinni yeroo osoo jiruu himuufi sababoota biroo kana fakkaatan irraa ka'uunidha.

Akkaataan ittiin dhaggeeffattoonni himaa morman inni biraan immoo ifatti mormuudha. Ifatti mormuuf wantonni sababa ta'anis kanneen yaadaan mormuuf sababa ta'an olitti tarreeffamanidha. Fakkeenyaaf, himaan afseenaa himaa jiruun dhaggeeffattoota isaa keessaa tokko qeeqaafi cigaa jira yoo ta'eefi kan qeeqamaa jiru sunis akka dubbiin isa ilaallatu kan hubate yoo ta'e, dafee akka himaan sun afseenaa himaa jiru sana dhaabu gochuuf tattaafata. Fakkeenyaaf, dubbii saamee mataduree biraa kaasuun, kokolfaa dubbii biraa fiduuniifi afaan irratti busheessuun (fakkeenyaaf, "Bo, bo, bo, mu dhiisi! kun hinfakkaatu," jechuun, "Harka facaasaa ba ba ba ba ba dhiisibaa kana hinlattaamiin" jechuun) morma. Akkaataan ittiin himaa mormuu kunniin immoo ifatti mormuu jedhamuun waamamuu danda'u. Ifatti mormuun dubbii taasisuun, yookaan gochaafi dubbii taasisuun mormuu yommuu ta'u, yaadaan mormuun garuu gochaalee garaagaraa agarsiisuufi raawwachuun mormuudha.

Mormiin yaadaanis ta'e, mormiin ifattii dhaggeeffataa/ttoota biraa himtoota irratti yommuu ka'u himtoonnis tarkaanfii garaagaraa fudhatu. Fakkeenyaaf, himtoonni kanneen dafanii mataduree dubbii jijjiiru, isaan kaan immoo himuus, dubbii taasisuus nidhaabu. Himtoonni biroon immoo ofirraa faccisuun himanii xumuru. Yeroo tokko tokko immoo dhaggeeffattoonni kanneen yaada mormii himaarratti hinqabne kan/kanneen himaa mormaa jiru/jiran irratti ka'uun callisiisanii milkaa'ina isa/isaan dhabsiisuun akka himaan himee xumuru taasisu.

Qabxiin biraan himamsa afseenaawwanii keessatti gama dhaggeeffattootaan mul'atu immoo dhaggeeffattoonni tokko tokko yeroo isaan afseenaa himaan himuu jalqabe afaan isaarraa fudhatanii ofii itti darbanii himuuf carraaqii taasisan daran mul'ata. Kunis, miiraa olaantummaa agarsiisuun osoo hintaane fedhiin himuuf qaban olaanaa ta'uufi amala tapha afseenaawwanii waan ta'eefidha. Mudannoo akkasii keessatti, himaan ofumaan himee xumuruu yommuu fedhu bifa garaagaraan ofirraa faccisa. Fakkeenyaaf, miiraa dheekkamsaa garuu tapha agarsiisuun: "Turimee na saamiinii atimmoo, maal dubbii na saamtaa?" "Kanuma dubbii nama saamtaa atimmoo, turimee baa"fi Turiba dubbii afaanitti na hinqabiin atimmoo!" jechuun ofirraa faccisaa himee xumura. Haata'u malee, yeroon itti ofii callisuun akka inni himuuf eeyyamuufis nijira.

Akkasumas, himamsa afseenaa keessatti darbee darbee yeroo itti dhaggeeffattoonni hiikaafi ibsa afseenaa isaanitti himamee himaa gaafatan nimul'ata. Fakkeenyaaf, "Dubbiin galcha qabaa; mee

maal jechuu feeteree?" "Dubbiin galcha qabaa; kan galchus abbaa qaba, mee maal jechuu feete?" "Meemmoo maaliif jetteree?" "Maaliif jette garuu?"fi kan kana fakkaatan jedhanii gaafatu. Himtoonni baayyeenis; akkuma armaan dura bifa gabaabaan ibsamee ture, yeroo akka ibsaniif gaafataman ibsuurra "Gamnatti inhimu, gowwaatti infuulchu" jedhaniim, "Farda bishaaniin ga'u malee bishaan hinobaasan" jedhanii itti mammaakanii; akkasumas, "Hunda namatti hinhiman, kaan abbaaf dhiisuum," "Isa siifan/isiniifan dhiisa," "Abbaatuu hiikkataa hiikkadhu/hiikkadhaa" jechuun diduu isaanii ibsuun dubbii itti aanutti darbu yookaan dubbii isaanii xumuru.

Walumaagalatti, himamsa afseenaawwanii keessatti dhaggeeffattoonni ga'ee olaanaafi murteessaa kan qaban yommuu ta'u, afseenaa sana miyyeessuufis ta'e busheessuuf humna cimaa kan qabanidha. Yeroo baayyees si'atoofi hirmaannaa ho'aa kan taasisan yoo ta'u, xiyyeeffannoo dhaggeeffachuun, gaafachuun, qajeelchuun, jajjabeessuuniifi mormuun immoo ga'eewwan isaanii isaan muraasadha.

## Haalaawwan Afseenaawwanii

Oromoon Maccaa haalaawwan keessatti afseenaawwan isaa himu qaba; callisee yeroo lafa lafaa gadi fuudhee hinhimu. Bal'inaan kan afseenaawwan himamanis bakka namoonni heddumatanii walgahanii jiranitidha. Waligahuu namootaa qofas osoo hintaane, haalonni akka himaniif nama kakaasan yeroo uumaman himu. Fakkeenyaaf, namni yaada namaa hinfudhanne yoo nama mudatu, icciitiin waa himuu yommuu fedhan, yommuu aaraniifi dadhabbii walirratti arganidha. Haalaawwan afseenaawwanii yoomessaafi taatoo sana ta'aniifi fakkaatanii himuus nidabalata.

Gooroowwan afseenaa kan isaan himaman, yookaan taphataman bakka itti namoonni walgahanii jiranitti yommuu ta'u, bal'inaan yeroo boqonnaatti, galgala galgala, darbee darbees bakka hojiilee garaagaraatti, guyyaalee ayyaanota waggaafi yeroo sirna raawwiiwwan nyaataafi dhugaatii adda addattidha (Finnegan, 1992).

Daawwaannan qoratichi taasiseefi afgaaffiiwwan taasifaman (fakkeenyaaf, afgaaffiin Sh.O waliin Sadaasa, 03/2021, A/J. A/G waliin Eebila, 6/2021 taasifame) akka agarsiisanittis, Macca biratti bakkeewwan afseenaawwan itti himaman keessaa beekamoon: galgala abidda biratti, bakka jaarsummaatti, bakka dabootti, bakka daadootti, mana dhugaatiitti, bakka gaddaatti (bakka

taaziyaatti), bakka bittaafi gurgurtaatti (keessumaa gabaa/dhaabbii horiitti), walgahii irratti, bakka buna dhuganitti, laga daakaatti, laga tikaatti, bakka eeguutti, bakka saddeeqa taphatanitti, mana barumsaatti, karaa utuu deemanii, bakka hojiilee garaagaraa hojjetanitti (fakkeenyaaf, bakka gaagura dha'aniifi ulanitti, yeroo dallaa loonii jijjiiranitti)fi yeroo hojiilee garaagaraa irraa deebi'anii taa'anii boqonnaa fudhatanittidha.

Bakkeewwan maanguddoonni Maccaa itti afseenaawwan himan keessaa tokko jaarsummaa irrattidha. Adeemsa sirna raawwii araaraa taasisan keessatti taateewwan garaagaraa uumaman bu'uureffachuu gooroowwan afseenaa bal'inaan himu. Afseenaawwan himamanis dhimma araaraatiin kan walqabataniifi ergaa humna waldhabdee furuu ofkeessaa kan qabanidha. Yeroo baayyees yommuu araara diduufi murtoo jaarsaa fudhachuu diduun warra waldhaban sana biraa mul'atu himu. Fakkeenyaaf, (Sadaasa, 12/2021) raawwii sirna araaraa taasifame irratti argamuun daawwannaa qoratichi taasiseen taateen armaan gadii kun raawwatamuu irraa ka'uun durduriin itti aanee jiru kun himamee jira.

Namoonni waldhaban jaarsi araarsuuf taa'e namoota lama turan. Jaarsoliin biyyaas dubbii buusanii baasanii erga ilaalanii booda balleessaa qabu addaan baafachuun, adaba nimadaala jedhaniin adaban. Haata'u malee, namichi itti murtaa'eefi adabame sun akkuma isatti murteessuu isaanii hubateen miiraa dallansuun guutamee, aariinis lallabee falmataa murtoo jaarsaas diduun deemuuf lafarraa ol ka'ee koomeerra taa'e.

Miiraa namichaa hubatanii jaarsoliinis adduma addaan isaatti dubbachuufi isa ifachuutti ka'an. Kunniin itti dheekkaman; kunniin immoo "Eessa deemuufiree? Taa'i gadi! Jaarsi kabaja qabaa" ittiin jedhan. Yeroo kana maanguddoota jaarsummaaf taa'an sana keessaa maanguddoon A.L harka walitti rurukkutaa "Mee gurra naaf ergisa! Mee mee takkaa gurra naaf knnaaa; waa jechuun fedhee" jedhe. Namicha itti murtaa'ee miiraa dallansuu keessa jiru sana dabalatee jaarsoliin biyyaa sun hunduu gara maanguddoo kanaa ilaalaa isa caqasuuf callisan. Maanguddichis akkuma qalbii isaanii argateen mataa raasaafi sesseeqaa durdurii armaan gadii kana isaanitti hime. Addeessa haala afseenaawwanii taasifamu kana keessatti, durdurii Oromoo Maccaa (DOM), seendurii Oromoo Maccaa (SOM) gabaajeewwan jedhaniin bakka buufamuun itti dhimma ba'amanii jiru.

***Dubartitti Maseenaa (DOM-1):*** *Jaranana dubbii Oromoo keenya durii tokkon mee isinitti hima. Akkuma "Bishaan tulluu ga'ee, karaan mana ga'ee, dubbii jaarsa ga'ee" dhaabbata jedhamu, bara duriidha jedhan, dubartii maseena tokkotuu turte. Dubartiin kun akka dhala isheef kennuuf seexanaaf wareega wareegde. Manaa baatee gara lagaatti gadi buutees; "Yaa adibaarii biyya kanaa, yaa seexana Jiddaa yoo ati dhala naaf laatte, yoo ati mucaa ilmaa na baachifte ani immoo gaabiin siif galcha" jettee wareegdeef. Guyyaa ishee eeggattee gaafa waggaan ishee ga'u mucaa ilmaa deesse. Deessee erga dugdi ishee isheef jabaates gaaf tokko gaabii wareegde sana qabattee seexanaaf galchuuf seexana barbaacha baate. Utuma seexana barbaaduus jaarsa nama guddaa tokkotti dhufte. Jaarsichis "Maal eessa deemta? Eessatti kaate?" jedhee ishee gaafate. Isheenis deebifteefii "Anoo…. anoo….. anoomee maalan sin dhoksaa mitii seexanaaaf gaabii wareegeen wareega baasuu deemaa jiraa; garuu barbaadeen dhabee, mee maaloo bakka seexanni jiru beektuu?" jettee gaafatte. Jaarsis maal kun salphaadham! Akka gootu; jaarsa jaarsummaaf taa'e barbaadii dhaqii gidduu taa'i. Namoota waldhabanii jaarsi araarsuuf taa'e sana keessaa yoo tokko araara didee ka'ee deemuuf jedhu gaabicha darbadhuu irra buusi. Yoo inni "Maalif natti darbatte?" jedhe immoo "Ati kan araara didde; kan dubbii jaarsarras tarkaanifatte, ati seexana jedhi" jedhee jedhama.*

Haalli himamuu DOM-1 kanaaf ka'umsa ta'es, murtoo jaarsaa fudhachuufi araamuu diduu namichaa, balleessaa isaa haaluufi adaba yakka isaaf malu adabame fudhachuu diduu isaati. Akkasumas, jaarsolii biyyaafi namicha araara dide gidduutti dubbiin finiinee olba'uun himamuu durdurii kanaaf galumsa biroodha.

Yoomessi biraan afseenaawwan bal'inaan itti himaman immoo bakka dabootti. Haaluma kanaan (Sadaasa, 15/2021) bakka daboon xaafii haamaanitti argamuun daawwannaa qoratichi taasiseen si'a haamanitti weedisaa, walitti tabaalaa, walqeeqaafi cookuun walonnachiisaa haamu turan. Walmorkachuun onnataniis haamu; garuu hundi walqixa hinhaaman ture. Keessumaa dargaggoon tokko baayyee boodatti hafa ture. Yeroon itti warri kaan xumura ga'anii achii as deebi'anii itti marfatanis baayyeedha. Ammaa amma dargaggicha maqaa waamanii "Ayizoo, ayizoo," "Jabaadhu malee" jedhu turan. Kanneen biroon immoo maqaa isaa maseessanii waamuun "Suuta jedhi malee akkasitti quba offixxaam," "Maal waamneyyu si dhabnehoo," "Maal hafuura kee

dhabnehoo, eessa buute?" jedhanii qeequ turan. Innis, "Ahaa! silan sin biraan ba'eem, dadhabee seetanii daariin bal'isee qabe malee" jedhee ofirraa faccisa ture.

Utuma dargaggoon kun durfamuu, itti marfamuufi bifa adda addaan kallattiifi al-kallattiin qeeqamuu yeroon itti boqonnaa fudhachuu qaban geenyaan abbaan daboo sagalee isaa ol kaaseefi daddabalee "Maaloo maaloo, takkaa haara galfadhaa! si'a isaaniin jedhu "Tole" jedhanii hunduu boqonnaa fudhachuuf gaaddisa mukaa jalatti walgahanii taa'an. Taphaafi baacoo garaagaraa taphachuun walqeequu, waljajuufi walbo'arsuutti ka'an. Kaan baacoo baacee, kaan mammaaksa mammaakee, kaan taabbllii tabaalee utuma taphataa jiranii raghimaan F.Y jedhamu "Mee waa isinitti himuu ani immoo" jechuun xiyyeeffannoo jamaa sanaa ofitti naanneeffachuun dabaree taphaa fudhate. Fudhatee akkuma jedheenis, "Oduu durii" jennaan "Mee as guuri" ittiin jedhan. Innis, DOM-2 armaan gadii kana isaanitti hime.

***Boofa, Hantuutaafi Qocaa (DOM-2):*** *Durdur boofa, hantuutaafi qocaatuu amaatiin isaanii tokko turte. Gaaf tokko amaatiin isaanii kun duunaan "Amaatiin keessan boqataniiru" jedhee dhufee namni itti hime. Kana booda, jarris walfudhatanii hammeenya deemuuf ka'an. Boofniifi hantuutni, qocaan isaaniin qixa deemuu dadhabnaan gatanii sokkan. Achi ga'aniis amaatii isaanii awwaalanii deebi'an. Utuu isaan deebi'anii galaa jiranii qocaan ammayyu dhaquuf deemaa jirtiyyu itti dhufanii "Qocaa indhaqxa moo ingaltaa?" jedhan. Qocaanis achuma dhaabbattee "Wayyoo wayyoo yaa amaatii koo, wayyoo wayyoo ya haadha koo situ badee, situu badee, nagaan taa'ii nagaan ta'ii" jettee boosseefii deebitee galtee jedhama* jedhee hime.

Dhaggeeffattoonnis, kokolfaa waljalaa fuudhanii "Dubbiin galumsa qabaa; kan galchus abbaa qabaa, mee maal jechuu feeteree?" jedhanii gaafatan. Himaan utuu ergaa isaa hinhimiin dhaggeeffattootuma keessaa kaan dargaggeesicha isa itti marsaa turan sana maqaa waamanii "Mee ati nuuf hiiki dubbii abaluu kana" jedhanii gaafatan. Innis, akka jarri (inni durdurii sana himes, warri nuuf hiiki isaan jedhanis) isa qeeqaa jiran beekee akka kolfuu wayii godhachaa, mataa raasaa turaa kaanee haamaatti deebinee walilaallaa" jedhee callise. Jarri garuu ammas deebisanii "Kee immoo humni gara galgalaa dhufaa abbee?" jedhan. Innis deebisee "Eeyyee kaa, kan ganama waccu ijoolleedha; ijoolleefi maagaan ganama wacci" jedhu mitiiree jedhe. Walumaagalatti, haalli himamuu durdurii kanaaf galumsa ta'e qixa kanneen biroo haamuu dadhabuu dargaggoo sanaati.

Bakkeewwan afseenaawwan itti himaman keessaa inni biroofi baayyee beekamaan immoo galgala abidda birattidha. Daawwannaa (Mudde, 12/2021) qoratichi taasiseen, mucaan umuriin isaa waggaa 12 N.Dh jedhamu loon akka tiksaa ooluuf ramadamee mucaa warra ollaa tokko wajjin dirree tokkotti loon bobbaasuun, loon sirriitti eeguu dhabuun loon gadhiisee xaafii nama biroo jalaa dheechise. Jarri xaafiin jalaa dheedamees galgala naannoo sa'aa 12:30tti gara mana maatii mucaa kanaa dhufanii 'loon keessan xaafii keenya nu duraa fixanii oolan' jedhanii himatan. Mucaan akka loon tiksuuf ramadame sunis mucaa warra ollaa wajjin ooluun akka loon sirritti eegaa hinooliin maatii mucaatti himan. Kanumaan abbaan mucaa loon sirriitti tiksuu dhabuu mucaa isaatti aaree itti dheekkame. Miiraa aarii kanaan turees galgala abidda biratti; hirbaanni erga nyaatamee booda DOM-3 armaan gadii kana ijoollota isaa abidda marsanii jiranitti hime. Haalli himamuu durdurii kanaaf ka'umsa ta'es hiriyyaa hintaane wajjin ooluu mucaa isaa akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

***Hiriyyoota Lamaan (DOM-3):*** *Elaa yaa ijoollee maal seetan, durii hiriyyoota lamatuu waliin ta'anii duula deeman. Adamsaa oolanii biiftuun itti dhiinaan muka tokko jala buluuf ciciisan. Halkan utuu isaan rafaa jiranii leenci itti dhufe. Inni tokko dafee fagootti akka leenci itti dhufaa jiru baree muka yaabbate. Leencichis dhufee mukicha jala ga'ee hiriyyaa isaa isa lafa rafaa jiru irra dhaabbatee hafuura baafate. Namichis akka leenci isarra dhaabbatee jiru baree akka du'atti callisee ciise. Leencichis miilaa hamma mataatti fuunfatee fuunfatee du'aadha jedhee dhiisee sokke. Leencichi sokkinaan namichi inni mukarraa sunis gadi bu'ee, hiriyyaa isaa isa lafa tureen "Leenci ammaa maal siin jedhee?" jedhee gaafate. Innis, "Hiriyyaa gadhee hamaatti si gattu wajjin hinadeemiin naan jedhe" jedhee jedhama* jedhee hime.

Akkasumas, Macci afseenaawwan isaa yeroo baayyee yommuu rakkoowwaniifi mudannoowwan garaagaraa isa gidduutti uumaman walitti hima. Daawwannaa qoratichi (Sadaasa, 20/2021) mana dhugaatiitti argamuun maanguddoota dhugaatii dhugaa jiranii irratti adeemsiseenis, qabxiilee mataduree dubbii isaanii turan keessaa tokko dhimma siyaasaarratti garaagarummaa dargaggoota (qeerroo) naannichaa gidduutti uumamerratti ture. Garaagarummaa dargaggoota gidduutti uumame kanarratti dubbii taasisaa osoo jiraniis raghimaan M.T jedhamu tokko durdurii armaan gadii (DOM-4) kana manguddoota birootti hime.

***Funyaan, Ija, Harka, Miilaafi Afaan (DOM-4):*** *Duridha jedhan funyaan, ija, harka, miilaafi afaantuu waliin ta'anii waliigalanii wajjin jiraatu ture. Walgargaaranii waan nyaatan barbaadatu turan. Wajjin nyaatu, wajjin dhugu; baayyee waliif galuus turan. Utuma akkasitti jiraatanii gaaf tokko afaan asumaa kaatee ijaa, harkaafi miilaa qoosmiitti waamtee "Elaa, ijii gara waan nyaannuu ilaaltee nu geessita, harki immoo kan argannee nuf fuuta, miilli immoo deemtee itti nu geessita, animmoo kan arganne sana nyaadheen mogolee isinitti hora, funyaan garuu akkasumatti gooba'ee taa'ee tola nyaata waan ta'eef, kottaa isa ofgidduudhaa baasnaa" jettee asaaba dhiheessite. Jarris "Dubbiin kun dhugaadham" jedhanii tasimaamma'anii funyaan ofirraa addaan baasanii qofaatti gatanii isaan garuu walitti hafan. Achiis funyaan malee nyaata barbaaddachuu ba'anii akkuma "Yoo funyaan dagate afaan udaan nyaata" jedhan sana udaan nyaatanii kan kolfaa ta'anii jedhama* jedhee hime.

Walumaagalatti, himamuu durdurii kanaaf (DOM-4) haalli galumsa (ka'umsa) ta'e tokkummaan dhibamuufi garaagarummaan hinbarbaachifne qeerroowwan gidduutti uumamuu isaadha.

Dargaggoonnis, akkuma maanguddootaa haalaawwan garaagaraa keessatti afseenaawwan himu. Daawwanna qoratichi (Ammajji, 02/2021) bakka dargaggoonni daboon midhaan dha'aanitti argamuun taasissenis haala itti aanee jiru kana bu'uureffachuun seenduriin itti aanee jiru kun himamee jira. Haalichis dargaggoon tokko kan umuriifi jabina qaamaa mul'atuun jabaa ta'e dargaggoo biroo umuriin isaa gadi ta'e tokko ajaja jajjabaa ajajuu baayyisuudha. Dargaggoon ajajame sunis kanneen danda'e raawwatee kaan garuu raawwachuu dadhabee dhaabbate. Achiis, dargaggoota kaanitti galagalee; "Jara nana maal seetan?" jechuun qalbii dargaggootaa erga argatee booda seendurii armaan gadii kana hime.

***Akkomannoonyee (SOM-1):*** *Bara durdurii mootii hamtuu 'Akkomannoonyee' jedhamtu tokkotuu ture. Mootuun kun gaaf tokko, "Kutaa bulchiinsa koo jala kan jirtaniifi akaakayyuu kan qabdan hundi akkayyuu keessan qabatanii akka walgahiif dhuftan!" jettee ajaja dabarsite. Kanumaan kan akaakayyuu qabu hundi akaakayyuu isaa fudhatee walgahiif ba'e. Namchi tokko garuu akkakayyuu isaa manatti dhiisee dhokfatee ofuma isaa walgahicha deeme. Mootittiinis saba walgahiif waamte kanaan, "Egaa amma ka'aatii akaakayyoota keessan kana awwaalaa!" jette. Ajajni ajaja mootiiti silaa waan godhan hinjiru hunduu ka'ee akaakayyuu isaa awwaale. Kanaa*

*booda ammas mootittiin, "Boor hundi keessan baatanii lafa hankaaksitan qilleensa irratti akka mana naaf ijaartan!" jettee ajajje. Namoonni hunduu ajaja mootuu kanaa hojjiirra oolchuu dadhabanii danqaman. Namichi akaakayyuu isaa dhokfatee ture immoo galee ajaja mootittiin dabarsite akkakayyuu isaa sanatti hime. Akaakayyuun isaas akka gootu yaa mucaa koo, "Dhaqiiti, hiiroo abbattuu dhaabbata kottuu hiiroo dhaabbadhu yaa mootu jedhi!" jedhe. Namichis dhaqee akkuma gorfametti, "Yaa mootu hiiroo abbaatuu dhaabbata kottuu hiiroo dhaabbadhu; isaa booda nuti siif ijaarraa!" jedhe. Mootittiinis aartee, "Ati akaakayyuu manatti ambiftee dhufte mitii?" jettee jedhama.*

Walumaagalatti, haalli himamuu seendurii kanaaf galumsa ta'e ajaja ulfaataa raawwachuun isaaf hindanda'amne ajajamuu dargaggoo sanaati. Akkasumas, daawwannaa (Mudde, 19/2021) maanguddootaafi dargaggoota dirreetti yaa'uun taa'anii taphatan irratti taasifameen osoo kaan gabaabina isaaniin, kaan qallina isaaniin, kaan sodaa durbaa isaan qabaniin walqeeqanii gabaabdota gabaabina isaaniin qeeqamaa turan keessaa tokko (raghimaan N.J jedhamuu) seendurii armaan gadii kana hime.

***Mootii Gowwaa (SOM-2):*** *Dur mootii tokkotuu ture. Mootiin kun guyyaa tokko uummata bulchu walitti qabee nama gabaabaa ollaa ollaa keessanii ajjeessa fixaa jedhee ajaja dabarse. Ummannis ajaja isaa kana kaan fedhiin fudhatee, kaan dirqiin fudhatee nama gabaabaa ollaa ollaa jiru fixe. Tokko garuu gabaabaa ollaa isaa jiru tokko ajjeesuu dhiisee mana isaa keessa dhokifate. Erga hunduu gabaabaa ollaa isaa jiru ajjeessee fixuu baree boodas, ganama yeroon ciisaa ka'u tulluu kana arguun jibbeeti, buqsaatii boroo duubatti dabarsaa dhaaba jedhee ajaje. Dubbiin bitaa itti gallaan hunduu fala dhabee kan godhu wallaalee dhiphate. Namichi nama gabaabaa mana isaa keessa dhokfatee jiru immoo dhaqee ajaja mootiin dabarse itti himee malas gaafate. Gabaabdichis, mala maleefii "Dhaqaatii halkan yeroo mootichi ofgatee rafu, balbala tulluutti baasu cufaatii karaa boroon immoo balbala baasaafii!" jedhe. Namichis, dhaqee namoota fala dhabanii rakkataa jiranitti mala gabaabdichi maleef kana isaanitti hime. Kanumaan utuu mootichi rafuu kana godhanii mooticha garaa ciibsanii ofiis murtoo du'aa jalaa ba'anii jedhama* jedhee hime.

Ibsa oliirraa hubachuun akkuma danda'amu, dhalachuu, yookaan himamuu seendurii kanaaf haalli galumsa ta'e qeeqa namoota gaggabaaboo irratti adeemsifame sanadha.

***Mootii Hamaa*** **(SOM-3):** *Durdur mootii hamaa tokkotuu ture. Mootiin kun waan jedhuufi godhu hundumaatti akka namni harka cabaccabuufiif barbaada. Kan cabaccabuufii dide arginaan qabee reebsisee hiisisa ture. Kan fedhes inajjeesisa ture. Gaaf tokko mana fincaanii deemee utuu taa'ee jiruu qulfiin mana fincaanii keessa jalaa bu'e. Achumaan nama waammatee, "Funyoo fidaaatii, miila kootti hidhaatii mataa koon na seensisa; qulfii koon fudhaa" jedhe. "Ishi" jedhanii isaanis akkasuma godhan. Utuu isaan funyoo qabaniifii jiranii fincaan itti hajaa'ee isa axxiffachiise. Yemmuu axxiffachuu isaa dhaga'an qulfii isaa argatee fakkara se'anii funyoo gadhiisanii cabaccabufiitti ka'an. Akkasitti mootiin boolla fincaanii keessatti kufee du'ee jedhama* (daawwannaa Sadaasa, 4/2021 dargagoota waliin ta'anii dallaa loonii bakka jijjiiraa jiran irratti taasifamerratti raghimaa Q.G kan himame).

Seenduriin kun (SOM-3) immoo dhimmi siyaasaa biyya keenyaa kaafamee osoo irratti yaada waljijjiiraa jiranii waa'een jajamuufi kabajamuu jaallachuu hanga'oota biyya bulchanii kaasanii osoo qeeqanii raghimaan Q.G jedhamu kun seendurii kana hime. Kanaafuu, himamuu seendurii kanaaf haalli galumsa ta'e, waa'ee amala badaa qabachuu mootii biyya bulchuu tokkoofi amalli badaan balaa kan isaaf qabu ta'uun isaa kaafameeti.

Afgaaffiifi mariigaree taasifame akka ibsuttis, haalaawwan akka Macci afseenaawwan isaa himuuf isa kakaasan keessaa muraasni: amanamummaan dhibuu, obsa dhabuu, tokkummaa dhibuu, gorsa diduu, amala badaa qabaachuu, beelaa, waraanaa, gabrummaa, rakkoo sirna bulchiinsaa, safuun cabuu, oguma dhabuu (gowwummaa), dubbii sobaa walirratti arguu, miira mufannaafi aarii keessa seenanii argamuu, amala hintaane walirratti arguu, wantonni gaariin dhaloota darban gidduu turan har'a laafanii, yookaan dhibamanii argamuu, miidhama karaa siyaasaa namarra ga'eefi ga'aa jiru, safuun cabsameefi irra daddarbamee arguun haalawwan afseenaawwan himutti nama geessan isaan muraasadha.

Walumaagalatti, haala afseenaawwanii jechuun galumsa isaan keessatti himaman ta'ee, kan ergaafi faayidaa gooroo afseenaa himame sanaa murteessudha. Maanguddoonniifi dargaggoonni

bal’inaan kan isaan afseenaawwan himan dubbii taasisaa jiran, waan hojjetaa jiraniifi haala keessa jiraniin dhiibamanii ergaa ittiin waliif dabarsuufidha. Ijoollonni garuu haala malee walkakaasanii walitti himu. Kanaafuu, afseenaawwan haalaawwan garaagaraa keessatti kan himamanidha malee haala dhabbataa ta’e kan qaban miti.

## Adeemsota Himamsa Afseenaawwanii

Daawwannaa qoratichi taasiseen, afseenaawwan haalaawwan keessatti himaman, yookaan dhaltan akkuma qaban adeemsota qindaa’ina olaanaa qaban hordofuunis himamu. Adeemsonni isaa kunniinis: ce’umsa afseenaa himuu, afseenaa himuu jalqabuufi afseenaa himuu xumuruu jedhamuun qoodamuu danda’u.

### Ce’umsoota Himamsa Afseenaawwanii

Afseenaan yeroo baayyee kan inni himamu kaayyeeffatamee osoo hintaane dubbii taasisaa jiran, waan hojjetaa jiraniifi haala keessa jiraniti gara himuutti nama geessa. Namoonni kaayyeffataniis ta’u osoo hinkaayyeeffatiin bakka tokkotti yommuu walgahan dubbii garaagaraa taasisuun isaanii kan oolu miti. Dubbii kamiyyu taasisuu keessatti immoo dabaree dubbii walirraa fudhachuun dubbii taasisuu. Osoo tokko dubbii taasisaa jiruu kan biroon dabaree irraa fudhachuu yoo barbaade kan jedhee irraa dabaree fudhatu qaba. Fakkeenyaaf, gaaleewwan yookaan himoota akka: “Mee waa jedhuu?,” “Mee mee abalu dubbii afaanitti si qabuu hinta’iin malee mee elaa" ….,” “Mee mee takkammoo gurra naaf ergistuu?,” “Elaa, elaammee jaranana”fi kanneen biroo jechuun dabaree dubbii fudhatee waan dubbachuu barbaade dubbata.

Haaluma kanaan, dubbii taasisaa jiran, yookaan wan hojjetaa jiran tokkoon walqabsiisee kan afseenaa himuu barbaades waan jedhee, godhee, jedheefi godhee gooroo afseenaa himuu barbaade sana himuutti darbu qaba. Kanneenis ce’umsoota afseenaa himuu jedhamuun waamamuu danda’u. Qoratichi ce’umsoota jechuun kan inni isaan moggaaseefis riqicha haala himuuf ka’umsa ta’eefi gooroo afseenaa himuuf jedhan sana walitti fidan waan ta’aniifidha.

Ce’umsoota kana keessaa kanneen jedhaman muraasnis: “Elaa…, elaamee jaranana, Oromoo dur waa jedha,” “Mee mee takkaa waan abbootaa tokko isinii jedhuu (animmoo)?,” “Meemmoo

takkaa waa isinii qoosuu?," "Elaa…, duridha jedhu jaranana," "Ee…. bara duriidha jedhu" "Elaa…, duridha jedhama," "Elaa…, maal seetan, duridha jedhama"fi "Buddeenni cuubataan bareeda, dubbiin immoo qolaan bareeda mee animmoo waa jedhu?" fi kan kana fakkaatanidha.

Gochaaleen ce'umsoota afseenaa himuu ta'an immoo kanneen akka: sissi'achaa sissiiqqachuu, harka walitti rurrukkutuu, harka ol qabuu/baasuu, quba dhukaasuu, hawwachaa waan isa harka jiruun yookaan harkaan waan fuldura isaa jiru rurrukkutuudha. Haata'u malee, gochaaleen kun kan isaan itti dhimma ba'aman akka ce'umsoota afseenaa himuu qofatti miti. Walqunnamtii hawaasaa keessaatti dhimmoota biroo garaagaraaf itti dhimma ba'amuu danda'u.

Akkasumas, ce'umsoota gochootaafi jechoota akka: 'harka walitti rurrukkutaa elaa elaa duridha jedhan,' 'sesseeqaa/kokkolfaa (yeroo baayyee kolfa gogaa/sobaa kolfaa) elaa bara duriidha jedhama,' 'lafa dhadha'aa yookaan harka walitti dhadha'aa meemmoo animmoo waa isiniif himuu,' 'mataa raasaa elaa duridha jedhan,' 'sissiiqqachaafi sesseeqaa elaa duridha jedhu,' 'quba dhukaasaa maal seetan maal seetan?fi kanneen kana fakkaatan gochuufi jechuun xiyyeeffannoo dhaggeeffattootaa erga argatee booda gooroo afseenaa sammuu isaa keessatti qindaa'ee jiru sana himuu jalqaba. Walumaagalatti, ce'umsoonni afseenaa himuu kan isaan itti dhimma ba'aman afseenaa himuuf akka fedhanii jiran ibsachuuf, dabaree dubbii fudhachuufi xiyyeeffannoo dhaggeeffattootaa ofitti naanneeffachuufidha.

## Afseenaawwan Himuu Jalqabuu

Himaan xiyyeeffannoo dhaggeeffattootaa ce'umsoota afseenaa himuu adda addaatti dhimma ba'uun erga argatee booda afseenaa sana hima. Afseenaa sana kan inni himus dubbii namni biraan duraan taasise ittiin jabeessuuf yookaan ittiin kufiisuufi qeequufidha. Osoo ofii dubbataa jiranii gidduutti afseena himuutti kan darbamu immoo ittiin dubbii ofii sana cimsachuufi jabeeffachuuf, nama biroo qeequuf, waan osoo dubbii taasisaa jiran arganiifi hubatan qeequufi balaaleffachuuf yookaan sammuu dhaggeeffattootaa haaressuuf (keessumaa miiraa dadhabbii yommuu isaanirratti argu)dha.

Himamsi afseenaa yeroo baayyee; keessumaa yeroo walbo'aarsuuf himan, kan inni jalqabamu himaan 'oduu durii' yommuu jedhu, dhaggeeffattoonni immoo 'mee asi guuri, gadiguuri'

jechuunidha. Achii immoo himaan jechoota/gaaleewwan akka: dur, durdur, duridha, bara durii, bara durdurii, durdurdur, durdur bara durii, dur jedhama, durdur jedhama, bara durii jedhama, bara duriidha jedhama, duridha jedhama jedhee himuu jalqaba. Haalaawwan mit-bo'aarsoo keessatti yommuu afseenaa himan garuu kallattiin jechoota/gaaleewwan kanaan jalqabuun himu malee himaan 'oduu durii' jechuuniifi dhaggeeffattoonni immoo gadiguuri jechuun hinmul'atu.


Jechoonniifi gaaleewwan jalqabbii afseenaa himuu ta'an kunniinis (dur, durdur, bara durii, ….) amaloota afseenaawwanii keessaa umur-dhabeessummaa *(timeless)* isaanii agarsiisu. Kana jechuunis, afseenaawwan sun kan ofii kalaqanii himaa jiran osoo hintaane kan duraan kalaqamanii jiran, himamaa turaniifi himamaa jiran; umuriin isaanii hinbeekamnedha jechuudha.

Haata'u malee, himtoonni (keessumaa himtoonni xobbeefi ijoollonni) osoo jechoota yookaan gaaleewwan jalqabbii afseenaawwan himuu ta'an kanneeniin hinjalqabiin kallatumaan afseenaa himuu eegalanis jiru. Yommuu bifa kanaan himan immoo sadarkaan ofitti nama harkisuu gooroo afseenaa himamu sanaafi xiyyeeffaannoo dhggeeffattootaa argachuu himaa nihiri'ata. Sababiin isaas, afseenaan himama jiru sun oduu lafa lafaa fakkaachuutti waan goruufidha. Kunis, kan inni agarsiisu, himtoonni hundi ga'umsa afseenaa himuu barbaachisaa ta'e akka hinqabneefi afseenaa himuun oguma guddifatamaa deemamu umurii waliinis hariiroo qabu ta'uu isaadha.

## Afseenaawwan Himuu Xumuruu

Afseenaawwan himuu keessatti akkuma ce'umsoota afseenaa himuu garaagaraatti fayyadamuun xiyyeeffannoo dhaggeeffatootaa erga argatanii booda gooroo afseenaa sana immoo jechoota yookaan gaaleewwan oliiti eeramaniin himuu jalqaban, yommuu himanii xumuranis jechoonni yookaan gaaleewwanni jedhanii ittiin xumuran nijiru. Kanneen keessaa beekamoonis: '….jedhama, …jedhamaa jedhama, …jedhamaa jedhu, ….jedhamaa jedhan, ...jedhamaa jedhama jedhu, ….jedhuufi ….jedhanidha. Darbee darbee garuu; keessumaa yeroo ijoollonni himan, itti faayyadamni jechoota/gaaleewwan kanneen baayyee hinmul'atu. Jechoonni ittiin afseenaawwan himuun xumuramu kunniin immoo amaloota afseenaawwanii kanneen akka: abba-dhabeessummaa *(authorless)*, afaaneffummaa *(orality)*fi uummatummaa isaanii agarsiisu.

Himaan himee erga xumuree boodas yeroo tokko tokko dubbii isaan walqabsiisee ibsa iiti keenna. Kunis, yeroo baayyee yommuu maanguddoonni dargaggootaafi ijoollotatti himan hojiirra oola. Maanguddoonni waliif hiikuun garuu hagas hinmul’atu. Akkasumas, ijoollonni taphatanii qofa darbu malee waliif hinibsan; ibsa isaas wal hingaafatan. Sababiin isaas, hiika afseenaawwan sanaarratti osoo hintaane kan isaan xiyyeeffatan ittiin bo’aaruu irratti waan ta’eefidha. Ergaafi icciitii afseenaawwan sana keessa jiranis hinbeekan. Raawwiin biraan himaan himee erga xumuree booda raawwatamu immoo dhaggeeffataan/ttoonni yaad-deebii kennuudha; garuu yeroon itti kun hinmul’annes jira. Walumaagalatti, adeemsi waliigalaa himamsi afseenaawwanii hordofu kan yeroo baayyee akka fakkii 1 kanarraa mul’atu kana ta’a.




**Fakkii 1**: Adeemsa Afseenaawwan Himuu Ga’umsa Qabuu

Fakkii 1 kanarra hubachuun akka danda’amutti, himaan afseenaa himuu fedhe tokko himuun dura ce’umsoota afseenaa himuu garaagaraatti gargaaramuun xiyyeeffannoo dhaggeeffattootaa qabata. Achii immoo afseenaa himuu fedhee sana hima; dhaggeeffattoonnis nidhaggeeffatu. Itti aansuunis; yaad-deebiiwwan garaagaraa kennu. Kunis, bal’inaan yommuu maanguddoonni walii isaaniitti, dargaggoonni walii isaanittiifi maanguddoonniifi dargaggoonni walitti himanittidha.

## GOOLABAAFI ARGANNOOWWAN

### Goolaba

Macci afseenaawwan isaaf ilaalchaafi bakka olaanaa kan qabu yommuu ta'u, akka qabeenyaafi miidhagina isaatti, tikisee eenyummaa isaatti, aadaa isaattiifi akka ibsituu jiruufi jireenya isaattis lakkaa'a. Afseenaawwan kan isaan himaman bakka namoonni lamaafi isaa ol jiranitti yoo ta'an, isaanis himaafi dhaggeeffattoota jedhamuun qoodamanii ilaalamu. Himamsi afseenaawwanii yommuu taasifamus himaafi dhaggeeffattoota gidduutti walitti dhufeenya ho'aatuu uumama. Himamsa afseenaawwanii keessatti ga'een dhaggeeffattootaa keessaa muraasnis: dhaggeeffachuu, kakaasuu, yaadachiisuu, gargaaruu, gaafachuu, jajjabeessuu, qeequu, mormuu, yaada kennuufi afseenaa biraa himuun dhaggeeffatummaa irraa gara himaatti darbuudha. Macci afseenaawwan isaa callisee yeroo lafa lafaa gadi fuudhee hinhimu. Haalonni akka himaniif nama kakaasan yeroo uumaman hima. Himuun duras ce'umsoota afseenaa himuu garaagaraatti fayyadamuun xiyyeeffaannoo dhaggeeffattootaa ofitti naanneffata. Ce'umsoonni itti dhimma ba'amanis: jecha, gochaafi jechaafi gochaa ta'uu danda'u. Ce'umsoota kanaan xiyyeeffannoo dhaggeeffaattootaa erga argatee boodas afseenaa sana himuutti darba.

### Argannoowwan

Macci afseenaawwan isaa haalaawwan keessatti himuufi adeemsota ittiin himu qindaa'ina olaanaa qaban hordofuun hima. Afseenaawwan ergaa dhabbataa kan qaban osoo hintaane haalaawwan keessatti himaman irratti hundaa'uun ergaawwan garaagaraa qabu. Kanaafuu, afseenaawwan Oromoo haalaawwan isaan keessatti himaman malee qorachuuf yaaluun itti fayyadama hawaasaa isa dhugaa kan gidduu galeessa godhate hinta'u. Kun immoo akkuma Dorson (1972) qorannoo afoolaa haalaawwan, yookaan galumsoota isaanii malee adeemsisuun hindanda'amu jedhu jechuudha. Adeemsa himamsa afseenaawwanii ilaachisee immoo ulaagaalee gooroo afseenaa himamu tokkoof ofitii hawwatummaa, miidhaginaa, humna ergaa isaa akeekuu, humna dhageettiifi miiraa himaa ifoomsuu kanneen qaban keessa tokko adeemsa himamsa afseenaawwanii ga'umsa qabudha.

## Wabilee


Abrams, M. H. (1988). *Glossary of Literary Terms (5th ed)*. NewYork: Holt, Rinehart and Winston.

Alemayehu Haile, Boshi Gonfa, Daniel Deressa, Senbato Busha & Umer Nure (2006). *History of the Oromo to the Sixteen Century* (1st ed.). Finfinne: Oromia Culture and Tourism Bureau.

Barthes, R. & Duisit, L. (1975). *An Introduction to the Structural Analysis of Narrative*. The John Hopkins University Press. New Literary History, Vol. 6, No. 2, On Narrative and Narratives, (winter, 1975), pp. 237-272, Accessed: 18/08/2008, 13:44.

Bascom, W. (1965). The Forms of Folklore: Prose Narratives. Published by Ameri Folklore Society. *The Journal of American Folklore, Vol. 78, No. 307*.

Chesaina, C. (1991). *Oral Literature of Kalenjin*: Nairobi: Heinemann Kenya Ltd.

Creswell, J. W. (2009). *Research Design: Qualitative, Quantitative and Mixed Approaches* (3rd ed.). Los Angeles: Sage Publication, Inc.

Cuddon, J. A. (1998). *The Penguin Dictionary of Literary Terms and Literary Theory*. 4th ed. England: Clays ltd, Ives PLC.

Desta Desalegn (2015). "A Functional Study of Tulama Oromo Oral Prose Narratives." Unpublished PhD Thesis. Addis Ababa: Addis Ababa University.

Dorson, R. M. (ed.) (1972). *Folklore and Folk life: An Introduction.* Chicago: The University of Chicago Press.

Dundes, A. (ed). (1965). *The Study of Folklore*. Englewood Cliffs: Prentice Hall, Inc.

Dundes, A. (1980). *The Study of Folklore*. Landon: Prentice Hall, Inc.

Eshete Gemeda (2008). "African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Functional and Contextual Studies Oromo Oral Literature in a Contemporary Perspective." Syddansk Universitet: Unpublished PhD Dissertation.

Ezekiel Gabbisa (ed.). (2007). *The Journal of Oromo Studies* (Vol.14, No.1, Pp.166-173). Kettering L' University.

Finnegan, R. (1970). *Oral literature in Africa.* Oxford: Clarendon Press.

Finnegan, R. 1992). *Oral Tradition and Verbal Arts*. London: Routledge.

Finnegan, R. (2012). *Oral literature in Africa: World oral literature series* (Vol. 1). UK: Open Book Publishers. Retrieved o6/01/2013from http://creativecommons.org/licenses/by/3.0/

Franzosi, R. (1998). *Narrative Analysis-Or Why (And How) Sociologists should be Interested in Narrative.* Published by: Annual Reviews: Annual Review of Sociology, Vol. 24 (1998), pp. 517-554.

George, W. B. (1981). *Folktales and Children*. West Port, Conn: Greenwood Press.

Neuman, W. L. (2000). *Social Research Methods: Qualitative and Quantitative Approaches.* (4th ed.). Boston: Allyn & Bacon.

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature: Backgrounds, Character, and Continuity,* Bloomington: Indiana University Press.

Peek, P. M. & Yankah, K. (2004, Editors). *African Folklore: An Encyclopedia.* New York and London: Routledge.

Sahilu Kidane (1996). "Borana Oromo Prose Narratives: A Contextual Study". MA Thesis, Addis Ababa University.

Schoemaker, G. H. (ed.). (1990). *The Emergence of Folklore in Everyday Life: A Field guide and Sourcebook.* Bloomington: Trickster Press.

Shaw, H. (1972). *Dictionary of Literary Terms*. New York: McGraw-Hill Book Company.

Sims, M. C. & Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction to Study of People and Their Tradition.* Logan: Utah State University Press.

Stanonik, M. (2001). *Theoretical Features of Slovenian Literary Folklore*. Ljubljana: Zalozba ZRC, ZRC SAZU.

Sumner, C. (1996). *Oromo Wisdom Literature. (Vol. III) Folktales: Collection and Analysis.* Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation.

Tasama Ta'a (1980). "The Oromo of Wollega: A Historical Survey to 1910." Unpublished MA Thesis. Addis Ababa: Addis Ababa University.